

# Hawaan Kiisii Koo Keessa




Garoo gaalaksotaa



Giraazshinaa  
Sitaasiinikaa  
Qorannoo Hawaa Paaris



Miilki-Weyii yeroo Arbi-gaadduu waliin  
Haroo Taahoo isa Neevaadaatti (USA)  
argamu irraan ilaalamu



Boca Miilki Weyi kan Gaaliiliyoona  
dhiyeenya Arbigaadduu cinatti kaase:  
Corroggeewwan xixiqqashuun urjiilee  
culculee bakka bu'u. 2

Hundumti keenya ifa cofgoggeewwan giccisa baayyeetiin halkan dukkana samii qaxxaamuran argineerra. Kana Giriikonni durii Miilki-Weyii jechuun moggaasan. Misiirii fi Chaayinoota duriif malkaa garhawaa yommuu ta'u, Saaybeerotni immoo akka maxhodhaa dinkaana samii keessatti ilaalu turan

Durii jalqabee qorattootni waa'ee uumama isaa hubachuuf yaalii godhaa turan. Baay'een isaanii, kan akka Anaksaagooras bara Girikii durii keessa ykn Al Biruunii bara giddugaleessaa Pershiyaa keessa, urjiilee baay'ee walitti dhiyataniin kan umameedha jechuun tilmaamanii turan.

Yaadni kunis sirriitti kan mirkanaa'e bara 161 Otti yeroo Galiiliyoo Galiilee teleskoppii isaatiin Milki-weyii daawwatee; kuufama urjiilee culculee lakkofsaan baay'ee ta'an sirriitti agarsiisee dha.



Duumessa Maajelaanikii guddicha,  
gaalaksii isa Milk-i-weyiitti baay'ee dhihoo  
ta'e.



M31, Gaalaksii Andiroomeedaa, gaalaksii  
mar-gundoo isa baay'ee dhihoo. Fakkichi  
Loorenzoo Kaamoliin, teeleskoppii xiqqaa  
ta'e fayyadamuun kan fudhatamee dha.

# Balballaa'ota irraa gara gaalaksiitti

Dummeessi xoxolba'aa biroon samiii keessatti ni mul'atu. Chaarles Mesiir (Charles Messier) kan jedhamu bara 1781 tti baafata isaa beekamaa keessatti 104 isaanii tarreesseeture.

Xincalalli (ispeektirooskoopii) (bara 1863 keessa adda durummaa oggooma qorataa hawaa Huggiinsi) gosootni balballaa'otaa (nebluae) lama akka jiran addaan baase: balballa'aa gaasawoo fi balballa'aa horbiiftuu.

Hanga Eediwiin Haabil bara 1924 fageenya inni tokko isa tokkorraa qabu safarutti tojjamni kun Milki-weyii keessattii fi alatti argamu jechuuf baay'ee wal falmiisaa ture.

Dhugumattuu balballaa'ootni kun akkuma gaalaksii keenya miilki-weyii odola hawaa ta'anii argamaniiru. Balaballaa'otni kunneen amma gaalaksii jedhamu.



Gaalaksii margundoo NGC 1232 fi  
jallakkuu isaa NGC 1232A. Suuraan kun  
teleskooppi guddaa ESO, Chiilee  
keessattti argamuun fudhatame.



NGC 4565: Gaalaksii margundoo yeroo  
roggeerraan ilaalamu. Suuraan kun nama  
Keetihi Kuwaatrocch jedhamuun,  
teleskooppi 40 cm fayyadamuun  
fudhatame.

# Gaalaksota Margundoo

Gaalaksotni kunneen gosoota  
gaalaksota baay'inaan hawaa  
keessatti argamanidha. Isaanis  
wiirtuu dorca irraa irree margundoo  
gara alaatti furga'u qabu.

Cina irreeewan margundootti  
duumessa gaasii fi awwaaraa, iddo  
urjiilee haaran itti uumaman argina.

Gidduu irreeewanii fi wiirtuu dorcatti  
urjiileen argaman dulloomoo dha.

Isaanis bifa keelloo fi umurii waggaa  
kumaa-kitila (Billion) yeroo qabaatan,  
urjiileen warri irree keessaa garuu bifa  
cuqliisa fi umurii waggaa kitilaa  
(million) qabu.

Galaaksiin margundoo kun baayinaan  
urjiilee  $10^{11}$  \* of keessaa qaba.

Milki-weyiin gaalaksii margundoo dha.

\*Biliyoona dhibba tokko




Fakkiin kun teleskooppi Jemiinii-Kibbaan  
kan Elizaabet Wehneeri fi Wiiliyam  
Hariisiin fudhatame dha

# Gaalaksii hullufaa

Gaalaksotni luggeen geenga'aa ykn muxamaa ta'uudanda'u. Isaan kana, gaalaksota margundoo irraa adda kan godhu, mucamaa fi dimismisaa'oo ta'uusisaanii ti. Gaalaksotni kun urjiilee dullooman irraa kan uumaman yommuu ta'u, innis halluu bildiimaa akka qabaatan godheera. Isaan kun gaasii ykn dhukkee muraasa of keessaa qabu.

Gaalaksiwwan hullufaa inni baayyee xiqqaan, "gaalaksii dinkii hullufa'aa" jedhamu, garkuta-geengoo (dayameetiri) ifa-wagga kuma kudhan (galaaksi milkii-weyii gadi dachaa kudhaniin xiqqaatu) fi urjiilee kitila kudhan qofa of keessaa qabu. Gaalaksotni luggee baay'ee guddoo ta'an garkuta-geengoo ifa-wagga kitila fi urjiilee  $10^{13}$  \* qabanii dha.

Gaalaksota luggee keessatti urjiileen, faallaa gaalaksi margundoo, kallattii hundaan qeella'a sirriiqha hin qabneen socho'u.



Bocni gaanfo kiloolee kun Haabiliin kitaaba  
isaa bara 1936 keessatti kaafame.  
'Garoo balballaa'ota'.



Gaanfo kiloolee yammuu akka suura  
ammayyaatti yeroo ilaalamu:

NGC 1407 (E0), NGC 1052 (E3), NGC  
4270 (E7), NGC 7192 (SO), NGC 488  
(Sa), NGC 1039 (Sb), NGC 628 (Sc),  
NGC 936 (Sba), NGC 5850 (SBb) NGC  
7479 (SBc).

# Gaanfo kiilolee Haabil (Hubble)

Edwiin Haabil (Edwin Hubble) erga suurawwan gaalaksii 400 qo'atee booda, akkaata ittiin bocawwan isaanii qoqqoodu danda'u argate (fuula itti aanu ilaali).

Jijjiiramoota xiqqoo boodayyuu, fakkeenyaaaf gaalaksota boca harja'a qaban of keessatti hammachuuf iyyuu qoqqoodinsi Haabili isa beekamaa dha.

Yeroo ammaa kanattti qorattootni hawaa hanga gaalaksotaa qo'achuu danda'aniru; innis gara tartiiba Haabiliitti jijjirameera- hullufa irraa gara margundoo- tartiiba hanga gaalaksii guddaa gara xiqqaatti.

Sababni hangaa fi boci gaalaksii ciminaan wal qabateef hanga ammaa guutummaatti hin hubatamiin jira.



*ESO 593-8: wal'irba  
gaalaksota cimdii.  
Cimdiin kun tarii  
fuulduuraatti gaalaksii  
biroo tokko uumuu mala.*



*NGC 6621 fi NGC 6622, wal'irba  
gaalaksota cimdii. Faccisni isaa  
eegee dheeraa NGC 6621  
keessaa harkiseera.*



*Yaa'ota horbiiftuu  
culculee naannoo roggee  
gaalaksii margundoo  
NGC 5907 irratti.  
Fakkiin J. Gabanii,  
Buufata Qorannoo  
Bilaakberdi.*

# Wal-irba gaalaksii

Galaaksotni kophaa hin jiraatan.  
Galaaksotni margundoon kutaa  
hawaa keessa qophaatti adda  
bahani yammuu jiraatan,  
gaalaksotni luggeen(hullufni) garuu  
gurmuun argamu.

Galaaksotni walitti dhiyaatan  
karaa adda addaan wal-irbu: wal-  
waqarri gaalaksota margundoo wal  
makiinsauumuun gaalaksii hullufa  
uumuu danda'a. Gaalaksiin cinaa isa  
biraa darbu tokko, eegee urjiilee isa  
dheeraa gotota. Wal-irbi boca  
gaalaksotaa baay'inaan jijiiruu  
caala, uumama dhaloota urjiilee  
haaraa kakaasa.

Galaaksotni baay'een tarrii kanaan  
dura wal-irbaniiru ta'a.



Isaan kana  
keessaa  
kamtu  
gaalaksii miti?

Battallee



Deebiin fuula-  
qopheerra

NGC 524,  
Gaalaksii SO

-üggee fi margundoo  
gidduu-galeessa

NGC 3628

Gaalaksii Hambargari

M 104,  
Sombireeroo

Roggee-gaalaksii  
gosa Sa irra

NGC 4361

Balbalaa  
pilaanetawaa

NGC 2442

Gaalaksii miit-  
huukii

## Hawaan Kiisii Koo Keessa Lakk. 3

Kitaabni bexxelleen kun bara 2015  
Giraazhinaa Sitaasiinikaan bakka Buufata  
Qorannoo Hawaa Paaris (Faransaay) irraa  
kan barreeffame fi keeddeebiin Istaan Kuritzi  
kan Inistitutii Reediyo Astiroonoomii UNAM  
(Moreeliyaa, Meeksikoo) tiin hojjetame dha.

Suuraa hedduun kan fudhataman, teleskooppii  
ESO guddichaa fi teleskooppii ispeesii Haabil  
gargaaram-uudhaan. Dhaabbilee NASA, STSd  
fi ESA tiin deeggaramanii ti.

Suurri Miilkwayii Arbi-gaadduu waliin kan  
fudhatame, Waalii Paacholka (TWAN) dhaan.

Suurri golgaa sirna wal-irba gaalaksotaa bakka  
bu'a Arp 22;

[www.annesastronomynews.com/photo-  
gallery-ii/galaxies-clusters/arp-227/](http://www.annesastronomynews.com/photo-gallery-ii/galaxies-clusters/arp-227/) ilaali.



Waa'ee walfaannee kana fi  
waa'ee mataduree kitaaba-  
bexxellee kana keessatti  
dhiyaatan caalaatti  
baruudhaaf,  
<http://www.tuimp.org>  
daawwadhaa.

Hiikkaa: Toluu Biresaa, Abdiisaa  
Tasammaa, Biqilaa Tashoomee  
TUIMP Creative Commons

